# Gamaaggama Dhiibbaa Fayyaa – Seensa

https://youtu.be/Fe59CxyttNk?feature=shared

Ashamaa, ani Lindisaay jedhama, qaama garee Gamaaggama Dhiibbaa Fayyaa (ykn H-I-Rs) barreessuti. HIR'n xiinxala dhugaarratti hundaa'e, kan loogii hin goonee fi ragaa fayyadamuun yaadni wixinee seeraa ykn baajataa akkamitti Isteetii Waashingitan keessatti fayyaa fi walqixxummaa irratti dhiibbaa geessisuu akka danda’u adda baasudha. HIR odeeffannoo imaammataaf ta'u leensii fayyaa fi walqixxummaa irraa ka'uun murteessitootaf ni kenna.

Seera Baasan ykn Bulchaan Isteetii Waashingitn kamiyyuu HIR gaafachuu ni danda’a, kunis hanga yaadni sun seera ta’ee hin dabarretti mata duree imaammataa kamiyyuu irratti guutamuu danda’a. Yeroo Yaa'ii Seera Baasaa guyyoota 10 keessatti HIR akka xumurru kan gaafatamnu yoo ta'u, yeroo qaamni seera tumtuu yaa'i irra hin jirretti yeroon keenya baay'ee jijjiiramaadha.

Seera tumtoonni sababoota hedduudhaf HIR gaafachuu danda’u. Seera baastonni tokko tokko yaadni tokko seera yoo ta’e dhiibbaa uumamuu danda’u baruuf, yaada dhihaate tokko hiriyoota hojii waliin mari’achuuf ykn yaada dhihaate irratti jijjiirama gochuuf argannoowwan HIR fayyadamuu malu.

HIR xumuraman hundi marsariitii Boordii Fayyaa Isteetii irratti argamu.

Odeeffannoo dabalataatiif www.sboh.wa.gov/hir (in English) daawwadhaa.